**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v3i1.1579**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1), 101-119**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Qoricha Aadaafi Shaakala Eegumsa Fayyaa Namootaafi Bineeldotaa: Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Heebantuu Irratti

Margaa Gammadaa
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Kaayyoon qorannoo kanaa akka aadaatti, hawaasni Aanaa Heebantuu dhibeelee dhukkuboota namaafi bineeldota miidhan dandamachiisuuf shaakala beekumsa xabboo gargaaraman qo'achuudha. Saxaxni qorannichaa sanyaabsa ta'ee, mala akkamtaatti dhimma ba'ameera. Iddatteessuun ilaalchisee, Aanaan Heebantuufi gandoolee afur mala kaayyeffataan kan adda ba'an yoota'u, hirmaattonni ammoo dhiirota (12)fi dubartoota (3) mala darbaa dabarsaan filatamaniiru. Odeeffannoo walitti qabuuf meeshaalee afgaaffii gamisa caaseffamaafi marii garee xiyyeeffannoo hojiirra ooleera. Odeeffannoon funaanames gabatee keessatti roga rogaan qindaa'ee qaacceffame. Argannoon ijoo adda ba'e, dhukkuboota bal'inaan qorichi qophaa'uuf dhukkuba madaafi garaa ciniinnaadha. Qoricha dhukkubootaaf qophaa'u ilaalchisee, dhukkuboota 116f biqiltoota 75 irraa qoricha 126; dhukkuboota 25f bineeldota15 (bineensa bosonaa, balali'oo, beelladaafi ilbisoota) irraa qoricha 17; akkasumas, dhukkuboota 4f albuudota 4 (biyyoo, bishaan bulluqa, daaraa diimaafi nadhii dammaa) irraa qorichi 4 akka qophaa'u adda ba'eera. Darbee, yoomessaafi akkaataa tajaajila qorichaa irratti dhukkuboonni 52(%44.82) ganama, 38(%32.76) yeroo dhukkubbiin itti dhagaa'amuufi 16(%13.79) galgala yeroo hirribaa ta'uu adda ba'eera. Waliigalatti, qorannoon kun dhimma ijoo guddaa yeroofi baajeta bal'aa barbaadudha. Kanaaf, umurii bu'ureffatee, hanga fadhatamu, amantaa, safuufi laguu hawaasaa qoricha aadaan walqabatu bira ga'uun hindanda'amne. Haata'u malee, dhimmi kun fayyaafi dinagdee biyyaaf shoora olaanaa waan qabuuf ogeeyyonni fayyaafi qorattoonni aadaa waliin ta'uun osoo bal'inaan qoratanii kan afeerudha.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 24-05-2024
Revised: 15-11-2024
Accepted: 04-05-2025

***Jechoota Ijoo:*** *Qoricha Aadaa; Beekumsa Xabboo; Eegumsa Fayyaa; Shaakala*

**Qorataa Muummee: Margaa Gammadaa*

*E-mail:* margaa.gammadaa445@gmail.com

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## 1. Seensa

Akka hiika Dhaabbata Fayyaa Addunyaatti qorichi aadaa "gochaalee fayyaa, malawwan, beekumsaafi amantaa qoricha biqiltootaa, beeyladaafi albuuda irratti hundaa'ee ta'ee, wal'aansa hafuuraa, tooftaa harkaafi shaakala qofaasaa ykn walitti makamuun dhukkuba yaaluuf, adda baasuuf, ittisuufi fayyaa eeguuf hojiirra oolu" (WHO, 2005). Akkasumas dhukkuba yaalu, adda baasuu ykn ittisuuf kan gargaarudha (WHO, 2002 fi Carlo, fi kaan, 2004). Beekumsi qoricha aadaa xabboo kun aadaa, barsiifataafi duudhaa waliin walqabata (Kundu fi Bag, 2012); akkaataa aadaatiin itti fayyadama qorichootaa biqiltootaafi sirna yaalii dhukkubaa hammatedha (Haile fi kaan, 2008'fi Kebebew, 2016). Beekumsi kun hawaasni kaayyoo guddinaaf gama hundaan naannoo isaa akka fooyyessuufi jijjiiru Jain fi kaan (2014); akka guddisu, misoomsuu Aragaw fi kaan (2020)fi kunuunsuu waan taasisuuf baay'ee barbaachisaadha (Getnet, 2017; Selamawit fi Zerihun, 2022).

Kanaaf, biyyoota guddatan keessatti fayyadamni qoricha aadaa qoricha dabalataa /*cultural* a*ltemative medicine (CAM)* jedhamee waama (Haile fi kaan, 2008; Kidane, fi kaan, 2018). Gama biraatiin, qorichi aadaa Afrikaa Oliver-Bever (1986), Pearce (2000), Chivian (2002)'fi Tshehla (2015) beekumsaafi gochaaleen, ibsamuu danda'u ta'uu baatus, walitti makamuu waliigalaa, dhukkuboota qaamaa, sammuu ykn hawaasummaa adda baasuu, ittisuu ykn wal'aansa keessatti kan itti fayyadamaniifi muuxannoo darbe irratti qofa kan hirkatanidha (WHO., 2001, WHO., 2004).

Qorichi aadaa, biyyoota guddachaa jiran hedduu kan akka Eeshiyaa, Laatiin Ameerikaafi Afrikaa keessatti fedhii kunuunsa fayyaa jalqabaa ummataa guutuuf tajaajila (WHO., 2000; WHO., 2003). Itoophiyaa keessattis qorichi aadaa sirna eegumsa fayyaa keessatti gahee olaanaa qaba (Yadav, 2013). Kanaaf, ummanni %80 ol fudhatama aadaa irraa kan ka'e, qoricha aadaa irratti kan hirkatudha (Mathews, 1999fi Bussa fi Gemeda, 2018).

Kunimmoo, baasii xiqqaa ta'een kan argamuufi dhaabbilee fayyaa ammayyaa argachuu dhabuu irraa kan maddedha (Amare, fi Getachew, 2019; Alemu, fi kaan, 2024). Ummanni Itoophiyaa harki guddaan baadiyyaa jiraatu, tajaajila fayyaa argachuun qormaata ijoodha (Ray, 2014). Kana malee, qabeenyi damee fayyaa keessa jiru (hojjetoota fayyaa, qabeenyiifi qorichi) daangeffamaadha (Alves, fi Rosa, 2007). Qormaanni guddaan qaawwa tajaajilaa daangeffameefi ummata barbaadu gidduu jiru akkamitti akka dhiphisuu danda'amu murteessaa ta'uu (Transitional Government of Ethiopia Health Sector

Strategy, 1995) himameera. Bara 2003/2004tti yoo xiqqaate ummati %30 tajaajila fayyaa idilee akka hinarganne ibsameera (Freeman fi Motsei, 1992). Rakkoo kanaaf, gumaacha guddaa kan taasise hanqina hakiimotaafi ogeeyyiin fayyaa ta'uu isaati (Nakta, 2002). Giddugaleessi reeshiyoon hakiimaafi baay'ina ummataa biyyaalessaa 1:51042 yoo ta'u, hakiimonni magaalota gurguddoo sadii keessatti argaman keessaa %35 ol yoo ta'u, baay'ina ummataa waliigalaa keessaa %4.7 qofa tajaajilu (Federal Democratic Republic of Ethiopia Ministry of Health, 2004).

Kanarraa kan ka'e, waggoota dhiyoo asitti qorichi aadaa sirna fayyaa keessatti gahee olaanaa akka qabu hubatameera (Stewart, 2007; Meena fi Rao, 2010). Mootummoonni biyyoota guddachaa jiran hedduunis barbaachisummaa isaa hubachuun sagantaalee damee eegumsa fayyaa keessatti gochaalee qoricha aadaa fayyaaf qabuufi bu'a qabeessa ta'an guddisuuf jalqabbii godhaniiru (Dawit, fi Ahadu, 1999; WHO., 2005; Amare fi Getachew, 2019). Innis beekumsa biqiltoota qorichaaf oolan walitti makuun kan qopheessan yoo ta'u, adeemsa shaakala fayyinaa hafuuraa keessattillee gahee guddaa kan qabudha (Kassaye fi kaan, 2006). Haata'u malee, beekumsi xabboo kun naannoo qorannoo kanaatti dhalootatti darbaa kan dhufe ta'us, jijjiirama aadaan dagatamaa deemuu, qabeenyi uumamaa oomishaalee qoricha aadaaf oolu hir'achaa dhufuuniifi namoonni qoricha aadaa qopheessan dhabamaa deemuu irraa kan ka'e, balaa baduutu isa mudachaa jira (Kalayu fi kaan, 2013). Kanaaf, qorannoon kun akaakuu biqiltootaafi albuudotaa wal'aansa namaafi bineensotaaf oolaniifi faayidaa isaanii galmeessuuf kan kaayyeffatedha (Williams fi kaan, 2011).

Itoophiyaa keessatti, daraaraa dabalatee biqiltoonni qorichaaf oolan gosoota 6500-7000tti dhihaatan akka of keessaa qabu adda ba'eera (Chali fi kaan, 2021fi Fekadu, 2001). Kanneen keessaa %12-19 biyyattii keessatti kan argamanidha (CBD, 2008). Biqiltoonni qorichaaf oolan kunneen gosoota wal'aansa namaafi beeyladaa adda addaatiif oolaa turaniiru (Heilbron fi Guttman, 2000). Akka argannoo qorannoo Itoophiyaatti, gara %80 ummanni namaafi %90 beeylada qoricha aadaa irratti kan hirkatan yoo ta'u, biqiltoonni qorichaaf oolan dhukkuboota namaafi beeyladaa tokko tokkoof gatii qoricha baay'ee bu'a qabeessa ta'e akka qaban (Gabriel fi Guji, 2014) agarsiisaniiru. Itoophiyaa keessatti amantaafi gatii hawaasni qorichaa aadaaf qabuufi, aadaan walqabsiisee baasiin isaa xiqqaa ta'uun isaa barbaachisummaan biqiltootaa qorichaaf oolanii guddaa taasise (Bekele fi Reddy, 2015, Gidey fi kaan, 2015; Melaku, 2021).

Hawaasa Oromoo keessattis beekumsa xabboo – qoricha aadaa naannoo uumamaa waliin haala walitti dhufeenya qabuun, fayyaa irratti hubannoo horataa dhufee jira (Abera, 2014). Hawaasichi beekumsa kana madaqsuuf yeroon walqabsiisee naannoo adda ta'e keessatti, haala galumsa aadaa isaatiin guddifataa dhufee jira (Fekadu, 2001fi Shosan, fi kaan, 2014). Beekumsi xabboo waliigalaa kun ammoo, kunuunsaafi bakka buusa naannoo uumamaa haala walitti dhufeenya qabuun taasifameen daddarbaa as ga'e (Hillenbrand, 2006); qaama kuufamaas qabaate (Melaku, 2021). Kunis aadaa, afaan, sirna moggaasaa, ramaddii, gochaalee itti fayyadama qabeenyaa, sirna, afuurummaafi ilaalcha addunyaa hawaasaa haala hammataa ta'eenidha (Hill, 2009). Kanaaf, shaakalliin beekumsa qoricha aadaa kun, sonawwan, aadaa, duudhaafi seera, muuxannootiin dhaloota itti aanutti ce'aa akka dhufe qorattoonni mirkaneessan (Kefalew fi kaan, 2015).

Ijoon qorannoo kanaaf qorataa kakaase, beekumsi xabboo durii kun dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufe ta'us, dabarsuu irratti ammoo, rakkoon bal'aan kan mul'ataa jiru ta'uu; itti fufiinsa beekumsa kanaa xiqqaachaa deemuun dhaloota balaa xixiqqaadhaaf kan saaxilaa jiru ta'uu qorataan habuuredha. Kunimmoo, kalaqa qorichaa ammayyaa xiqqeessa; qorattoonni gama aadaanis ta'e gama fayyaan carraa ragaa bal'aa argachuu hanqisa. Kanarraa kan ka'e, akka aadaatti namootaafi bineeldota dhibeerraa oolchuu qorachuun murteessaa waan ta'eef, qaawwaa qorataa kakaase keessaa kanneen isaan tokkodha. Kanarraa ka'uun gaaffileen qorannoo kanaan deebii barbaadan: 1. Akaakuu dhukkubaa kamiif jiinesii, sanyiifi maatii biqilootaa irraa qorichi aadaa qophaa'a?fi 2. Qorichi aadaa yoomessaafi akkaataa akkamii keessatti tajaajila? Jedhu irratti bekumsa xabboo agarsiisuuf xiyyeeffatame.

## 2. Malleeniifi Meeshaalee

Naannoo qo'annichaa ilaalchisee, qorannoon kun kan gaggeeffame Oromiyaa Lixa, Godina Wallagga Bahaa, Aanaa Heebantuuttidha. Iddoowwan qorannichaa kan filatameef, shaakalli hojii qoricha aadaafi yaada maanguddoota beekumsa qoricha aadaa qabanii naannoo sana jiran irratti hundaa'uunidha. Dabalataanis, zooni qilleensa qonnaaf (agro-climatic zones) mijataa ta'e yaada keessa galchuun Aanaafi Gandoota kaayyoodhaan filachuun xiyyeeffatame. Aanaan kun Oromiyaa Lixa kessaa Godina Wallaggaa Bahaa ta'ee, Finfinnee irraa Km 458 fagaatee argama. Naannoon kun, olka'iinsi lafa galaanarraa m. 2261' yoo ta'u gadi bu'iinsi lafaa galaanarraa m.1031.2dha. Haalli

qilleensa badda dareen 65 (%53.85)'fi baddaan 35(% 46.15), kan hammatamedha. Ho'i waggaa xiqqaafi guddaan °C14°-C26 yoo ta'u, waggaatti giddu galeessaan rooba mm. 2200dha. Laatityudii Aanaa kanaa 9°55'30 K_10°13'0''K. ta'ee, Loongitiyudii 36°18'0"B_36°32'0"B gidduutti kan argamudha.

Saxaxni qorannoo kanaa sanyaabsa. Saxaxa kanaan odeeffannoon walitti qabame qindaa'ee jechootaan addeeffameera. Hirmaattonni iddatteeffataman maanguddootaafi ogeeyyii qoricha aadaa fayyaa namootaafi bineeldotaaf qopheessuun tola ooltummaadhaan hojjetaa turanidha. Isaanis gandoota afur keessaa, dhiira 12fi dubartoota 3 waliigala rag-himtoota 15 mala akkayyoofi darbaa dabarsaan filatamanidha.

Tooftaa ittiin ragaan walitti qabame, afgaaffii gamisa caaseffamaa, marii garee, daawwannaafi qajeelfama deemsa dirreetiin raawwatame. Yeroo af-gaaffiitti waa'een ramaddii biqiltootaa of eeggannoodhaan galmaa'e. Daawwannaa dirreetiin amala, bakka argamaafi kunuunsa gosoota biqiltoota qorichaaf oolanii ilaalame. Yeroo deemsa dirreetti ammoo, biqiltoonni qorichummaaf oolan, kanneen bosona keessaafi nannoo manaatti argaman irraa walitti qabuuf mala biqiloota adda baasuutti (*an ethno botanical survey*) dhimma ba'uun amaloota biqiltoonni sun qaban tarreeffameera. Tarreessuun erga raawwatame booda ammoo, saamuda adda baasuufi mirkaneessuuf furtuu taksonomiifi jildii adda addaa Filooraa Itoophiyaafi Eertiraa fayyadamuun raawwatame (Edwards et al., 2000; Hedberg et al., 2006).

Ragalee guuraman qaaccessuu irratti, qorichoota biqilootaafi albuudota irraa walitti qabame akaakuu isaanii ijoo ijootti qoqqooduun dhibbantaatti jijjiiruunis jechaanis ibsamaniiru. Fakkeenyaaf, maqaa naannoo ittiin beekamu, bakka itti biqilu, gosa biqilaa, maqaa sanyii, maqaa maatii, qaama qorichummaaf gargaaru, akkaataa itti qophaa'u, waan itti dabalamu, dhukkuba fayyisu, yeroo fayyadamaa, hanga fayyadamaafi akkaataa ittifayyadamaa qoricha aadaa duraa duuba isaa eeguun qaacceffameera.

## 3. Qaaccessa Ragaaleefi Argannoowwan

### 3.1 Seenduubee Rag-himtoota Waliigalaa

Seenduubee raghimtoota ilaalchisee barsiisotaa qoricha aadaafi ogeeyyota qoricha aadaa ta'an dhiira 12(%80)'fi dubartoota 3(%20) ragaalee kennuu keessatti hirmaataniiru. Kanneen kunis gama amantaatiin namoonni 13 (%86.67) hordoftoota Pirotestaantii yoota'an, 2(%13.33) hordoftoota Ortodoksiidha.

Umurii hirmaattotaa ilaalchise namoonni 9(%60) kanneen Yuuba 1^ffaa^ hanga Yuuba 3^ffaa^ keessatti

argaman yoo ta'u, 5(%33.34) Qondaalaa hanga Gadoomaa gidduutti argaman ta'ee, 1(%6.66) ammoo umurii Jaarsa Qullichaa keessatti kan aramanidha. Namoonni kun, muuxannoo qoricha aadaa qopheessuu irratti qaban ilaalchisee: Namoonni 4(%26.67) muuxannoo waggaa 41 olii; namooni 4(%26.67) muuxannoo waggaa 21; namoon 2(%13.33) muuxannoo waggaa31 olii; 2(%13.33) muuxannoo waggaa 11 olii akka qaban yoo aada ba'u, namni 1(%6.66) muuxannoo waggaa 61 oliifi 1(%6.66) muuxannoo waggaa 6 olii akka qabu hubachatameera. Barnoota od-himtootaa ilaalchisee, namoonni 6(%40) kutaa 1-8, 6(%40) kan hinbaratiin, 3(%20) dippiloomaaafi isaa olii kan qabanidha.

### 3.2 Akaakuu Dhukkubaa Qorichi Aadaa Jiinesii, Sanyiifi Maatii Biqilootaarraa Qophaa'u

Odeeffannoo walitti qabame keessaa, gama qorichaan dhukkuboota 116f biqiloota 75 irraa qoricha 126; dhukkuboota 25f bineeldota15 irraa qoricha 17 qophaa'a. Akkasumas, dhukkuboota 4f albuudota 4 irraa qorichi 4 akka qophaa'u hubatameera. Darbee, ragaan Jiinasii *(Genus)* 51'fi sanyii *(spicias*) 53, maatii (*family*)133, kan walitti qabamedha. Biqiloota sanyiin isaanii 51 kanarratti hundaa'uun qoricha aadaaf gargaaran 147 argame Gabate gdii, irratti dhiyaateera.

Dhukkuboota bal'inaan qorichi aadaa bl'inaan qophaa'uuf ilaalchisee, dhukkuba madaaf biqiloota 14(%18.66)'rraa; garaa ciniinnaaf biqiloota 10(%13.33) irraa sad. 1^ffaa^fi 2^ffaa^ qorichi bal'inaan hojjetamuufiidha. Dhukkuboota 116 keessaa dhukkuboonni 25(%21.55) biqiloota 2fi isaa oliirraa qorichi yoo hojjetamuuf; dhukkuboota 75(%64.66) ammoo biqiloota tokko tokko duwwaarraa kan hojjetamu; dhukkuboota 16(%13.79) walitti makamiinsa biqilootaarraa qorichi tokko tokko akka qophaa'u hubatameera.

### 3.3 Yeroofi Akkaataa Tajaajilamaa Qoricha Aadaa

Sa'atii qorichi aadaa itti fudhatamu ilaalchisee dhukkuboonni 52(%44.82) ganama ganama, 38(%32.76) yeroo dhukkubbiin itti dhagaa'amu, 16(%13.79) galgala yeroo hirribaa akka fudhataman hubatameera. Dhukkuboonni 6(%5.17) galgala /guyyaa/; 4(%3.45) ammoo ganama yookaan guyyaa akka fudhatamu hubatameera. Akkaataa fudhannaa qoricha aadaa ilaalchisee dhukkuboota 38(%32.76)'f dhuguun, 23(%19.83)'f liqimsuun, 11(%9.48) itti naquun, 4(%3.45)'f nyaachuun, 2(%1.72)'f alanfachuun, 2(%1.72) itti riguun

Qorichoonni yeroofi tajaajila isaaniirratti hundaa'an kun argama isaanii illchisee qorichoonni aadaa 17 bineeldota 15irraa dhukkuboota 25f akka hojjetamu hubatame. Isaanis, bineensi bosonaa 7(%46.67), balali'oon daggalaa 3(%20), beelladni qee 2(%13.33), ilbisootaa bakka mara jiraatan 2(%13.33)'fi munyuuqaa holqa jiraatu 1 (%6.67) irraati. Qorichi aadaa albuuda akka biyyoo, bishaan bulluqe, daaraa diimaafi nadhii dammaa irraas akka argamu adda ba'e. Kanneenis, bulbuluu, boxxuufi waliin makuun kan qophaa'u ta'ee dhadhaaf qullubbii diimaafi adii akka itti dabalaman ibsame. Ragaaleen kanneen waliigalaan gabatee kanatti aanu keessatti dhiyaateera.

**Qoricha Aadaa Biqiloota (Mukootarraa) Qophaa'u**

| **Maqaa Naannoo** | **Bak. itti Biqilu** | **Gosa Biqilaa** | **Maqaa Saayinsii** | **Maqaa maatii** Family name | **Qaama Qorichaaf Gargaaru** | **Akkaataa Qophii** | **Waan Dabalamu** | **Dhukkuba Fayyisu** | **Yeroo Fayya damaa** | **Hanga Fayya damaa** | **Akkatti Fayya damaa** |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **Dhum-muuga** | Qe | Bi | Justicia schim-periana (Hochst exNees) | Acanthaceae | Baala | kichuu sukkuuma nii affeeluu | bishaan | busaa | Guyyaa guyyaatti | Siinii 1 | dhuguun |
| | | | | | Baalaafi hundee | walitti tumama | bishaan | mataa bowwuu | yeroo dhukkubu | | |
| **Qomo-nyoo** | Bo | M | Brucea antidysentrica Fresen | Simaroubaceae, | hundeefi baala | tumamee gogsuun daakama | bishaan | saree maraatuuf | | | obaasuun |
| | | | | | ijaafi baala | tumamee gogsuun daakama | bishaan | madaa horii gogsaa | | | dibuun |
| | | | | | hundee | gogsuun daakama | aannan | garaa kaasaafi ciniinnaaf | ganama ganama | fallaana 1 | liqimsuu |
| **Ceekaa** | Bo | M | Calpurnea aurea (L'Herit.) Schweick. | Fabaceae, | firii/ija | hakaa'amee boxxama | dhadhaa | ijaaf | galgala yeroo rafan | safartuu guurii 1 | ittidibu |
| | | | | | baalaafi hundee | Cuunfaasaa | bishaan | oldeebisaa | galgalaafi ganama | Siinii1 | dhuguun |
| | | | | | | Cuunfaasaa | bishaan | teessisaa deddebi'u | galgalaafi ganama | Siinii 1 | dhuguun |
| | | | | | | Cuunfaasaa | bishaan | raammoo garaa horii | ganama ganama | burcuqqoo 1 | obaasuun |
| | | | | | | Cuunfaasaa | bishaan | garaacha | ganama | Siinii 1 | dhuguun |
| | | | | | daraaraa | Cuunfaasaa | bishaan | | ganama | | |
| | | | | | hundee | daakama | dhadhaa | dhibee gogaa | ganama | | dibuun |
| **Haanquu** | Bo | Bi | Embelia shimperi Vatke | Myrsinaceae | Ija | gogsuun alanfatama | | minniifi maaga | ganama lama | fallaana 3 | liqimsuu |

| | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **Haranga maa gur-raacha** | Bm | Bi | Pteralobium stellatum | Fabaceae | Hundee | tumanii cuunfu | buna danfe | Budaa baasa | | | obaasuu |
| | | | | | Ija | bulleessanii daaku | dhadhaa | ija loonii | | | dibuun |
| **Qobboo diimaa** | Qe | Bi | Ricinus communis L. | Euphorbiaceae | baala jiidhaa | affeeluun | abishii | caba fay'isa | Guyya-guyyaatti | | Cabaatti hidhuun |
| | | | | | Ija | Daakamuu | aannan | dhibee tasaa | ganama ganama | fallaana an | liqimsuu |
| **Alaltuu** | La | M | Salix subserrata | Salicaceae | Baala | Cuunfaasaa | | waraansa/ quuqqaa | ganama ganama | fallaana an | liqimsuu |
| | | | | | Baala jiidhaa | tumamee bullaa'a | | qaaqeef | ganamafi galgala | Muraa 1 | dibatu |
| **Hadhees sa** | Bm | M | Teclea nobilis Del. | Rutaceae | Baala jiidhaa | tumamee bullaa'a | | horii bokoke | yeroo bokoku | Burcuqq oo 1 | dhuguu |
| **Andoode e dhalaa** | Bm | Bi | Phytolocca dodecandra, L 'Hert. | Phytolaccaceae, | qaama hundaa, hidda kichuu | tumamee bullaa'a | dhangala'o dhugamu aannan | Saree maraa tuuf Ulfa baasuuf Garaachaaf | ganama al-tokko | Siinii 1 | dhuguu |
| | | | | | hundeefi baala | alalfatamee bishaansaa liqimfama | | ulfa hinbar-baachifne ji'a 3 gadi baasuuf | ganama | | liqimsuu |
| **Baarga moo diimaa** | Di | M | Eucalyptus camaldulensis | Myrtaceae | Baala jiidhaa | gubanii haarsu | | Budaa baasa | yeroo qabaman | | itti harsuu |
| **Baarga moo adii** | Di | M | Eucalyptus globules Labing | Myrtaceae, | baala jiidhaa | affeelanii haarsu | | Utaalloo | yeroo qabaman | | ulachuu |
| **Ittachaa** | Bm | Bi | Dodonia angustifolia | Sapindaceae | baala jiidhaa | tumanii bulleessuu | | Madaa qeerruu | ganama ganama | | Itti naquu |
| **Bakkan niisafi Tamboo** | Qe | Bi | | | Baala jiidhaa | tumuu | daaraa kobotaan sukkumama | Funyaan sinbirri faalte | ganama harka buleen | | dibatu |

| | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **Hancab bii, Bak kanniisa, Maxxan neefi Ulu maayiifi Baarga moo dii maa** | Bo<br>Bm<br>Bo<br>Bo<br>Di | Bi<br>M<br>Bi<br>M<br>M | | | Baala jiidhaa | Hunda walitt tumanii bulchuun ganama cuunfanii qopheessuu | | Michii | Hundiiu ganama galgala | | dibatu |
| **Botoroo** | Bm | M | Stereosper mum kunthianum | Bignoniacea e | Qola | tumuun bulleessu | cumaa | Sa'aa aannan dhabde | ganama, ganama | | nyaachis u |
| | | | Stereosper mum kunthianum | Bignoniacea e | Qola | tumamee dhimbiibama | | Afuura jawweefi Gosobo | ganamaafi galgala | Finjaala 1 | obaasu |
| **Heexoo dhalaa** | Bo | M | Hagenia abyssinica (Brace)J.F . Gmel | Rosaceae | daraaraa | gogfamee daakama | | minnii | ganama barii | Finjaala 1 | dhuguun |
| **Hoomii** | Bm | M | Prunus africana (Hook. f.) Kalkman | Rosaceae, | Qola | tumamee bullaa'a | | Madaa fayyuu dide | ganamaafi galgala | | dibuu |
| **Gambeel loo** | Bm | M | Gardenia temifolia Schumach | Rubiaceae | firii | gogsuun daakama | aannan | Ijaaf | galgala yeroo rafan | | ittidibu |
| **Andoo deefi Abbayyii** | Bm<br>Bm | Bi,<br>M | | | firii | walitti daakamee bullaa'a | dhadhaa | Cittoo/Shifoo | galgala, galgala | | dibuu |
| **Barbare e lafaa** | Qe | Bi | Capsicm annum L. | Solanaceae | daraaraa | kutanii alanfatu | | Uuba qoonqoo | ganama barii | 1:00-2:00 | alanfach uu |
| **Abbaa qiddii, Armanci tiifi Aan nannoo** | Di | Bi | | | hidda | tumamee | bishaan | Dhibee tasaa | yeroo mudatame | al-tokko | alanfata mee liqimsa ma |

| | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **Haqal-qala** | Bo | Bi | | | firii | daakamee boxxama | Dhadhaa | Marammartoo, Mata-dhukkubbii | halkan yeroo rafan | | Mataa dibatu |
| **Gaattiraa (Xidii)** | Qe | M | Juniperus procera Hochst | Cupressaceae | baala | jidhaa isaa | | Bookee busaa fixa | Galgala/guyyaa | | Itti aarsuun |
| **Hiddiifi** <br> **Loomii** | Di <br> Qe | Bi <br> M | Solanum incanum Justicia schimperiana (Nees) T. | Solanaceae Euphorbiaceae, | dhangala'aa | cuunfanii walitti makama | | Uuba qoonqoo bu'e | ganama barii | fallaana 2 | liqimsuu |
| **Abasuu-da gur raacha** | Qe | Bi | Nigella sativa | Remunculaceae | firii | daakamee qophaa'a | cuunfaa baala muka surraa | Maraammar-toofi gurraaf | ganama | finjaala 1 | Dhuguu/ ittiinsuk kumuun |
| | | | | | | boxxamee qophaa'a | Komxaaxxee siinii 1fi cuun faa qulubii adii fallaana 1 | Forooforiifi Roobbii Injiraaniifi cinii | galgala torban tokkoof | | dibanii buluu |
| | | | | | hundee | tumamee gogee daakama | Aannan | Laamshessaa | ganama ji'a 2f | birciqqoo 1 | dhuguun |
| | | | | | | fottoksanii nyaatu | Nyaata | Michii sombaa | ganama ganama | fottoqa 3 | ninyaatama |
| **Azambala** | Bm | Bi | | | hidda | tumun aduutti gogfama | Nadhii dammaa | Fanxoo | ganama torban 3f | fallaana 3 | liqimsuu |
| **Xabanaayee** | Di | Bi | Securidaca longepedunculata Fresen | Polygalaceae | hidda | dhiqamee tumamee bullaa'a | Damma siinii tokko | Garaa ciniinnaaf | yeroo dhukkubu | birciqqoo 1 | dhugama |
| **Sootalloo** | Di | M | Millettia ferruginea | Fabeceae | firii/ quncee | daakanii bulleessuun | Buna/shayii | Dhulaandhula ajjeesa | ganamaafi galgala | siinii 1 | dhugama |
| **Tamboofi Eebich** | Qe <br> Bm | Bi <br> M | | | baala | walitti tumuun bulleessu | Nyaata | Horii huqqate furdisa | ganama ganama | | nyaachuun |
| **Qarabichoo** | Bm | Bi | Echinops kebericho, Mesfin | Asteraceae, | hidda | gogsanii daaku | bunaan | Oldeebisaa Mataa bow'uu | ganama ganama | Siinii 1 | dhuguu |
| | | | | | | tumanii calalu | | Ilkaan, Minnii | ganama | burcuqqo 1 | Itti cininu obaasu |

| | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **Hungudaayee** | Di | Bi | Pluleus Cervinus | | hundee | Bullaa'ee bulbulama | biyyoo ittii buqa'e walin | Summii bofaa, Summii jawwee | sa'aa ciniinametti | burciqqoo 1 | obaasuun |
| **Buna** | Bm | Bi | Coffee arabica L. | Rubiaceae, | ija | daakamee bullaa'a | | Madaa dhinsa | yeroo dhukkubu | Al-takka fallaana 1 | Itti naquu |
| **Mixoo** | Bo | M | Rytigynia neglecta (Hiern) Robyns | Rubiaceae | baala | sukkuumuun cuunfu | dhadhaa | Kormommuu | ganama 2-3 | altokko | ittiriguu |
| **Iddii hoolaa** | Di | Bi | Cucumis ficifolius | Solanaceae | hidda | ibiddatti ruuquun yeroo diimatu | | Mataa bowwuu | yeroo dhukkubu | hidda 1 | ulachuu |
| **Qullub bii adii** | Qe | Bi | Allium sativum L. | Alliaceae, | hundee | tumamee bullaa'ee | damma siinii 1, abasuuda gurraacha daakamaafi bishaan | Summii Minnii Garaa kaasaa Maagaa Madaa raamma'e | Ganamaafi Galgala, fallaana 3-5 | | liqimsuu dibuun |
| **Cilaaddamoo** | Qe | Bi | Ruta chalepensis L. | Rutaceae | Baalaafi firii | gogee daa-kamee bullaa'a | Shayiin danfaa | Kalee | ganama hanga fayyantti | fallaana 2 qofa | dhuguu |
| **Qaca-maa** | Bm | M | Myrsine Africana L. | Myrsinaceae | baala | Tumanii bulleessanii walitti makuun guyyaa 9f qilleensa malee tura. | Damma, dhadhaa baqe, bunaa, qullubi adii, fallaana 2-3fi ashaboo fallaana 1 | Nimooniyaa | ganama ganama | fallaana 1 | liqimsuun |
| | | | | | baala ijasaa | ibiddaan gubamee daakama | bishaan /buddeena/ | Dhiigni laguu danachuu, Baayyina dhiigaafi Raammoo garaaf | ganamaafi galgala | | ulachuu liqimsuu |

## 4. Argannoo, Ibsaafi Goolaba

### 4.1 Argannoofi Ibsaa

Qo'annoon kun qoricha aadaafi shaakala eegumsa fayyaa namootaafi bineeldotaa xiinxaluu irratti kan bu'uureffatedha. Kanarraa kan ka'e, ragaalee 147 qorichoota aadaa biqiloota irraa qaama bineeldotaafi albuudota garaagaraa irraa qophaa'an walitti qabamee hojjetame. Ragaalee walitti qabaman kana keessaa, maatiin biqiltootaa133 ta'u. Isaan kana keessaas sanyii 53fi jenesii 51dhukkuboota namaafi bineeldota wal'aanuuf akka oolan adda ba'eera. Sanyii dhiyaatan keessaa 24 tokko tokkoon isaanii 1(%1.88) haala walfakkatuun argamaniiru. Kanas, ragaa Abera (2014),'fi Awas'fikaan (2009) dhiyeessan kan mirkaneessudha.

Qorannoo kanaan argannoon mul'ate, maatii biqilootaa qorichummaaf oolan keessaa, maatiin Fabaceae sanyii 4; maatiin Asteraceae, Euphorbiaceae, Myrsinaceae, Phytolaccaceae, Rubiaceae, Rutaceaefi Solanaceae tokko tokkoon isaanii sanyii 3; maatiin Brassicaceae'fi Ranunculaceae, tokko tokkoon isaanii sanyii 2 mul'ateera. Sanyii kanneen keessaa maatiin Fabaceae, Euphorbiaceae, Myrsinaceae, Phytolaccaceae, Rubiaceae, Rutaceae'fi Solanaceae Jiildii Filooraa Itoophiyaafi Eritiraa dhiyaatan (Edwards,'fi kaan 1997; Hedberg, fi kaan, 2006) keessaa caalmaatti kanneen bal'inaan qorichummaaf tajaajilan ta'uu adda ba'eera.

Argannoon biroon qo'annoo kanana hubatame, qorichi aadaa qophaa'u bal'inaan biqiltoota bakka hundatti argamu irraa akka ta'e barame. Qorannoon biyyoota garaagaraa hojjetames, dhibbantaan sanyiin biqiltootaa qoricha aadaaf gargaaran, kanneen daggala keessatti biqilan ta'uu mirkaneessa (Lev, 2003fi Doffana, 2019). Bakka biqila biqiltoota ilaalchisee, argannoon qorattootaa bosona uumamaafi bakka maratti ta'uu akka danda'u mirkaneessaniiru (Ozgen fi Houghto, 2012; Getnet, 2017; Selamawit fi Zerihun, 2022).

Argannoon biroon qorannoo kanaan ilaalame, hiddiifi baalli biqiltootaa, foon bineensotaa qaamolee bal'inaan qorichummaaf oolan ta'uu adda ba'e. Darbee, baalli battala ciramee hojjetamu ho'aan isaa isa gogee hojjetamu caalaa dhibee kamuu fayyisuurratti cimaa akka ta'es hubatameera. Kana ilaalchisee qorannoon Dawit'fi kaan (1999); Mathews (1999); Mesfin (2013); Kefalew fi kaan (2015); Getnet (2017); Selamawit fi Zerihun (2022) Itoophiyaa keessaas hojjetame, qaamoleen kun bal'inaan kan irraa qophaa'u ta'uu mirkaneessaniiru.

Argannoon biroon, dhukkuboota qorichi bal'inaan hojjetamuuf kanneen biqiltoota irraa qophaa'anidha. Isaanis kanneen akka dhadhaa, aannan, qullubbii adii, jinjibila, bunaafi kan

kana fakkaatan waliin walitti dabalamuun kanneen tajaajilan ta'uu adda ba'eera. Kan ilaalchisee, qorannoon Awas'fi kaan (2009) hojjetame qorichoota aadaa qophaa'an walitti makuun tajaajila wal'aansaaf akka oolu argannoo qorannoo isaaniin kan wal-fakkaatudha.

Waliigalatti, qorannoon kun, kutaaleen biqiltootaa, qaamolee bineeldotaafi albuudotaa aadaatiin qoricha qopheessuuf itti fayyadaman jijjiiramoota ta'uu isaanii agarsiise. Akka qorannoo kanaan adda ba'eetti wal'aansa dhukkubsataaf qoricha aadaa ogeeyyiin qopheessan baala, hidda, qola, hidda, daraaraa, sanyii ykn friiii biqiltoota qorichaaf oolan irraa akka ta'e hubatameera. Kunimmoo, argannoo qorattoota hedduun kan mirkanaa'edha. Wallaantonnis irra caalaa biqiltoota yeroo baay'ee argaman irraa saamuda fayyadamuun dhukkubsattoota wallaanuuf qoricha akka qopheessan ibsameera (Getnet, Chandrodyam fi Masresha, 2016). Kunis irra caalaa bu'a qabeessummaa kutaalee biqiltootaa qoricha aadaa wal'aansa keessatti bal'inaan kan tajaajilu ta'uu isaati (Tolossa fi Megersa, 2018).

**4.2 Goolaba**

Qorannoon kun, qoricha aadaafi shaakala eegumsa fayyaa namootaafi bineeldotaa, Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Heebantuu qo'achuudha. Ka'umsiifi xiyyeeffannoon isaas akka aadaatti, hawaasni Aanaa Heebantuu dhibeelee dhukkuboota namaafi bineeldota miidhan dandamachiisuuf shaakala beekumsa xabboo itti gargaaraman xiinxaluudha. Naannoo qorannoon kun itti geggeeffametti qoricha aadaatiif itti fayyadamni baalaa, hundeefi firiin bal'aa ta'us, manca'iinsa biqiltoota qorichi irraa qophaa'uuf kunuunsi taasifamu xiqqaadha. qorichoota aadaa qopheessuuf hundee biqiltuu kutuuf ciruuti mul'ata. Kunimmoo, biqilaan suni deebi'ee latuuf waan kunuunsa hinarganeef gogee badaa jira. Akka, Dawit'fi kaan, (1999), Mathews, (1999) baala biqiltootaa qorichi irraa qophaa'aniif kunuunsi yoo hintaasifamne, qorichi aadaadhaan qophaa'ee dhalotatti daddarbaa deemu nibada. Baalli badaa yoodeeme daraaraan uumamee firii/ ijji isaa akka dabalaa hindeemne taasisa (Marthin-Hill 2003; Marama, 2010); qorichi aadaan qophaa'us akka badu taasisa (Tolossa fi Megersa, 2018). Gara fuulduraattis biqiltoonni sunneen jiraachuuf bu'aa hamaa qaba (Doffana, 2019). Kanaaf, Yuunivarsiitonniifi Biiroon Fayyaa Oromiyaa walitti dhufanii qopheessitoota qoricha aadaa naannoo qorannoo kanaaf leenjiin otoo kennamee caalmaatti haala biqiloonni (hidda, hundee, qola, damee, baalaa)fi qabeenyi uumamaa

hinmancaaneefi miidhaa hinuumneen akka hojjetan nigargaara.

Qopheessuuniifi ittifayyadamni qoricha aadaa akka fooyya'ee ittifufuuf hayyoonni dawaa (*pharmacology*), ogeeyyonni buufata fayaa garaagaraa, qorattoonni aadaafi beekumtaa (*folklore*) qorannoo bilchaataa otoo taasisanii beekamtii isaa niguddisa. Ga'ee qorichi aadaa wal'aansa dhukkubaaf qabuu irratti qopheesitoota qoricha aadaafi ogeeyyota qoricha ammayyaa gidduu karaa Biiroo Eegumsa Fayyaatiin waliin mariin otoo jiraatee ittifayyadamaa irratti caalmaatti hubannoon akka dagaagu taasisa. Qorichi aadaa dinagdee biyya tokkoo keessatti gahee guddaa kan qabu waanta'eef qaamni kana ilaallatu: man-kuusa qoricha aadaa qopheessanii otoo walitti guuraniifi dhaabbata qorannoo qoricha aadaa otoo qopheessanii faayidaan isaa olanaadha. Akkasuas, qopheessitoonni qoricha aadaa adda baafamanii beekamtiin seeraa otoo kenname, darbee, haala qopheessuufi ittifayyadama qoricha aadaa irratti keessaumaa hanga itti fayyadamaafi kan biroo qorataan kun bira hinga'iin akka fooyya'ee itti fufuuf hayyoonni dawaa (*pharmacology*) otoo bal'inaan qoratanii itti fayyadamni fooyya'aa deema.

## Galata

Deeggarsa meeshaaleef maallaqaan kan natumse Yuunivarsiitii Wallaggaa baay'een galateeffadha. Ittifufee, adeemsa odeeffannoo walitti qabuu keessatti deeggarsa garaagaraa kan naaf kennan Waajjira Aadaafi Tuurizimii Godinaafi Aanaa Heebantuu, ogeessota qonnaafi hirmaattota od-himtootaa guddaa haagalatooman.

## Wabiilee

Abera Balcha, (2014). Medicinal plants used in traditional medicine by Oromo people, Ghimbi District, Southwest Ethiopia. *Journal of Ethnobiology and Ethnomedicine,* 10-15. doi: 10.1186/1746-4269-10-40.

Alemu M, Asfaw Z, Lulekal E, Warkineh B, Debella A, Sisay B, Debebe E. (2024) Ethnobotanical study of traditional medicinal plants used by the local people in Habru District, North Wollo Zone, Ethiopia. *Journal of Ethnobiol Ethnomed*. 20(1):4. doi: 10.1186/s13002-023-00644-x

Alves, Romulo RN, and Rosa, Ierece ML. (2007). Biodiversity, traditional medicine and public health: where do they meet? Journal of Ethnobiology and Ethnomedicine, 3, 1-9. DOI: 10.1186/1746-4269-3-14

Amare Fassil and Getachew Gashaw, (2019). An ethno botanical study of medicinal plants in Chiro District West Hararghe, Ethiopia. *African Journal of Plant Science, Vol. 13(11), pp.3.9-322,* DOI:10.5897/AJPS2019.1911

Aragaw, T.J., Afework, D.T., Getahun, K.A. (2020). Assessment of knowledge, attitude,

and utilization of traditional medicine among the communities of Debre Tabor Town, Amhara Regional State, North Central Ethiopia: a cross-sectional study. *Evid Based Complement Alternat Med.* 1–10. doi: 10.1155/2020/6565131.

Bekele, G., and Reddy, P.R. (2015). Ethno botanical study of medicinal plants used to treat human aliment by Guji Oromo tribes in Abaya district, Borena, Oromia, Ethiopia. University *Journal of Plant Science*. 3 (1): 1-8. DOI:10.13189/ujps.2015.030101

Bussa, N.F., Gemeda, A.S. (2018). Assessment of traditional medicine utilization in Harar town, Eastern Ethiopia. *J Ayurvedic Herbal Med.* 4:158–64. doi: 10.31254/jahm.

Carlo, B., Giacarlo, A., and Xiaorui, Z. (2004). *WHO guidelines on developing consumer information on proper use of traditional, complementary and alternative medicine.* Italy.

CBD (Convention on Biological Diversity), (2008). Forest and aquatic plants genetic resources. Addis Ababa: Institute of Biodiversity Conservation.

Central Statistical Authority and ORC. (2001). Macro Ethiopia demographic and health survey, (2000). Addis Ababa Ethiopia and Calverton, Maryland, USA.

Chali, B.U., Hasho, A., and Koricha, N.B. (2021). Preference and practice of traditional medicine and associated factors in Jimma town, Southwest Ethiopia. *Evid Based Complement Alternat Med*. 1–7. doi: 10.1155/2021/9962892.

Chivian E. (2002). *Biodiversity: Its importance to human health*. Center for health and the global environment. Harvard: Harvard Medical School.

Doffana ZD. (2019). Sacred natural sites, herbal medicine, medicinal plants and their conservation in Sidama, Ethiopia. Cogent Food and Agriculture. 2017; 3: 1365399. DOI: 10.1080/23311932.2017.1365399 [Accessed: 05 February 2019].

Gabriel, T., & Guji, T. (2014). Ethnopharmacological survey of medicinal plants in Agaro district, Jimma zone, South West Ethiopia. International Journal of Pharmaceutical Sciences and Research, 5(8), 3551. https://doi.org/10.13040/IJPSR.0975-8232.5(8).3551-59

Gidey, M., Beyene, T., Signorini, M.A., Bruschi, P., & Yirga, G. (2015). Traditional medicinal plants used by Kunama ethnic group in Northern

Ethiopia. Journal of Medicinal Plants Research, 9(15), 494-509. https://doi.org/10.5897/JMPR2014.5681

Dawit, A., and Ahadu, A. (1999). *Medicinal plants and enigmatic health practice of Northern Ethiopia.* Addis Ababa: Berhaninna Salam Printing Press.

Kidane L, Gebremedhin G, Beyene T. (2018). Ethnobotanical study of medicinal plants in Ganta Afeshum District, Eastern Zone of Tigray, Northern Ethiopia. *Journalof Ethnobiol Ethnomed*, 14(1):64. doi: 10.1186/s13002-018-0266-z

Edwards, S., Denissew, S., and Hedberg, I. (2000). Flora of Ethopia and Ertirea. Ethiopia: National Herberium, Addis Ababa Universty Press.

Federal Democratic Republic of Ethiopia Ministry of Health. Health and Health Related Indicators, (2003/04). Addis Ababa, December 2004.

Fekadu, F. (2001). *Ethiopian traditional medicine: Common medical plants in perspective*. Sioux City, Iowa: St. Luke's Regional Medicinal Center.

Fekadu, Fullas, (2001). *Ethiopian traditional medicine: Common medical plants in perspective*. Sioux City, Iowa: St. Luke's Regional Medicinal Center.

Freeman, M., and Motsei, M., (1992). Planing health care in South Africa-is there arole for traditional healers? *Social Science and Medicine*, 34, (11), 1183-1190. https://doi.org/10.1016/0277-9536(92)90311-D

Getnet Chekole, (2017). Ethnobotanical study of medicinal plants used against human ailments in Gubalafto District, Northern Ethiopia. Journal of Ethnobiology and Ethnomedicine; 13(1), 1-29; DOI: 10.1186/s13002-017-0182-7

Getnet Z, Chandrodyam S, Masresha G. (2016). Studies on traditional medicinal plants in ambagiorgis area of Wogera district, Amhara regional state, Ethiopia. International Journal of Pure and Applied Bioscience.; 4 (2): 38-45.

Gumisiriza, H., Sesaazi, C.D., Olet, E.A., Kembabazi, O., & Birungi, G. (2021). Medicinal plants used to treat" African" diseases by the local communities of Bwambara sub-county in Rukungiri District, Western Uganda. Journal of Ethnopharmacology, 268, 113578. https://doi.org/10.1016/j.jep.2020.113578

Haile Yineger, Delenasaw Yewhalaw and Demel Teketay, (2008). Ethnomedicinal plant knowledge and practice of the Oromo ethnic group in southwestern Ethiopia. *Journal of Ethnobiology and Ethnomedicine,* Vol. 4(4), pp1-10. Dio:10.1186/1746-4269-4-11.

Hedberg, I., Kelbessa, E., Edwards, S., Demissew, S. and Persson, E. (2006) Flora of Ethiopia and Eritrea, Volume 5. Gentianaceae to Cyclocheilaceae. National Herbarium, Addis Ababa University.

Heilbron, C.L., & Guttman, M.A.J. (2000). Traditional healing methods with first nation women in group counseling. *Canadian Journal of Counseling*, 34, (1), 3-13.

Hill, D.M. (2009). Traditional medicine and restoration of wellness strategies. *Journal of Aboriginal Health*. PP. 26-42.

Hillenbrand, E. (2006). Improving traditional conventional medicine collaboration: Perspectives from Cameron traditional practitioners. *Nordic Journal of African Studies,* 15 (1), 1-15; DOI:10.53228/njas. v15i1.7

Jain, D., Jain, Y., and Jain, M. (2014). Anti-inflammatory herbal remedy-An Updated review. *Global Journal of Traditional Medicinal Systems*, Vol.3, (2), 1-6.

Kalayu Mesfin, Gebru Tekle, Teklemichael Te sfay, (2013). Ethinobotanical study of traditional medicinal plants used by Indigenous people of Gemad District, Northern Ethiopia. *Journal of Medicinal Plants Studies*, Vol. 1, (4), 32-37.

Kassaye, K.D., Amberbir, A., Getachew, B. and Mussema, Y. (2006). A historical overview of traditional medicine practices and policy in Ethiopia. *Ethiopian Journal of Health Development,* 20, 127-134. https://doi.org/10.4314/ejhd.v20i2.10023

Kebebew M. (2016). Knowledge of medicinal plants used in and around Fincha'a Town, Western Ethiopia. *Journal of Pharmacogonosy Phytochemical*. 5(6):110-4.

Kefalew, A., Asfaw, Z., & Kelbessa, E. (2015). Ethnobotany of medicinal plants in Ada'a District, East Shewa Zone of Oromia regional state, Ethiopia. Journal of Ethnobiology and Ethnomedicine, 11(1), 1-28. https://doi.org/10.1186/s13002-015-0014-6

Kundu S, and Bag A. (2012). Indigenous health care practices among Rajbanshi of Dakshin Dinajpur, West Bengal. Stud Ethno-Medicine. 6(2):117-20.

Lev, E. (2003). Traditional healing with animals (zootherapy): Medieval to present-day Levantine practice. *Journal of Ethnopharmacol*, 86:107-118.

Marama, M. (2010). *Culure and development evaluation and practice*, UNESCO Working papers, No.1 Spain, UNESCO.

Marthin-Hill, D. (2003). *Traditional medicine in contemporary contexts: practicing and respecting indigenous knowledge and medicine*. Ottawa: National Aboriginal Health Organization.

Mathews, H.B. (1999). Medicinal herbs in the United States: Research needs. *Environmental Health Perspectives*, Vol. 107, (10).

Meena, A.K., and Rao, M. M. (2010). Folk herbal medicines used by the Meena community in Rajasthan. *Asian Journal of Traditional Medicines*, 5 (1), 19-31.

Melaku Tafese Awulachew, (2021). Hand Book of common Ethiopian traditional medicinal plants: Their parts and uses for human and animal treatments. *Journal of Diseases and Medicinal Plants,* Vol. 7, No. 3, pp. 48-60. doi: 10.11648/j.jdmp.20210703.11

Nakta, M. (2002). Indigenous knowledge and the culture interface: Underlying issues at the interaction of knowledge and information systems. *IFLA Journal*, 28 (5-6), 281-291.

Oliver-Bever B. (1986). Medicinal plants in tropical West Africa. Cambridge: Cambridge University Press.

Ozgen, U., Kaya, Y., Houghto, P. N. (2012). Folk medicines in the villages of Ilıca District (Erzurum, Turkey). *Turk Journal of Biology*, 36, 93-106.

Pearce, T. O. (2000). Death and maternity in Nigeria. In Turshen, Meredith (ed.). *African Women's Health.* Trenton, NJ: Africa World Press, Inc. pp.4-5.

Ray, T. (2014). Customary use of mangrove tree as a folk medicine among the Sundarban Resource collectors. Impact: *International Journal of Research in Humanities, Arts and Literature (IJRHAL)*, 2, (4), 43-48.

Selamawit Nega and Zerihun Girma, (2022). Ethnobotanical study of medicinal plants in Kore District, SouthEastern Ethiopia. *Journal of Basic and Applied Research International*, 28(3): 17-32, 2022; DOI: 10.56557/JOBARI/2022/v28i37770

Shosan, L.O., Fawibe, O. O., Ajiboye, A. A. Abeegunrin, D T.fi Agboola A. A. (2014).

Ethnobotanical Survey of Medicinal Plants Used in Curing Some Diseases in Infants in Abeokuta South Local Government Area of Ogun State, Nigeria. *American Journal of Plant Sciences* Vol.5 No.21, October 27, DOI: 10.4236/ajps.2014.521340

Stewart, S. (2007). Indigenous helping and healing in counselor. *Training Center for Native Policy and Research Monitor*, 2 (1), 53-65.

Tolossa T, Megersa M. (2018). Ethnobotanical Study of Medicinal Plants Used to Treat Human Diseases in Berbere District, Bale Zone of Oromia Regional State, South East Ethiopia. London: Hindawi; Available from: https://doi.org/10.1155/2018/8602945.

Transitional Government of Ethiopia Health Sector Strategy. (1995). Addis Ababa.

Tshehla, B. (2015). Traditional health practitioners and the authority to issue medical certificates. *South African Medical Journal*.105(4):279-280. DOI: 10.7196/SAMJ.9217.

WHO. (2004). *Guidelines on developing consumer information on proper use of traditional, complementary & alternative medicine*. Italy. Pp.24-25.

WHO. (2000). *General guidelines for methodologies on research and evaluation of traditional medicine.* Geneva.

WHO. (2001). Legal Status of Traditional Medicine and Complementary/Alternative Medicine: A WorldWide Review. Geneva.

WHO. (2002-2005*). Traditional medicine strategy*. Geneva. http://whqlibdoc.who.int/hq/2002/WHO_EDM_TRM_2002.1.pdf

WHO. (2003). Fact sheet, traditional medicine, Geneva.

WHO. (2005). National policy on traditional medicine and regulation of herbal medicines, Report of a WHO Global Survey, Geneva, Switzerland.

Williams, E., Guenther, J., and Arnott, A. (2011). Traditional healing a literature review. *Working Paper Series 2: Evaluation and Policy*, No.2, 1-32.

Yadav, R.H. (2013). Medicinal plants in folk medicine system of Ethiopia. *Journal of Poisonous and Medicinal plants Research,* Vol.1, (1), 7-11.